

Seattle Department of Transportation  
HATATTAMAAN KAN HOJIIRRA OOLU

Quunnamtii: Ethan Bergerson, [sdot.media@seattle.gov](mailto:sdot.media@seattle.gov), 206-684-3151

## **Riistoraantotaa fi Daldala Qinxaaboo yeroo weerara dhukkubaa, hojjetoota waldhaansaa wayita waamaman dhufan, vaanotaa fi shuttles gosootni biroon hayyama seensa riqicha gara gadii tiif iyyachuu ni danda’u**

*Iyyatni kunis hayyama seensaa Waxabajjii 1’tiif gaafa guyyaa Caamsaa 15  
dhiyaachuu qaba.*

SIYAATIL – Namootaa fi biiznasiiwwan Siyaatil hedduun Spokane St Swing Bridge (low bridge) irra konkolaachisuuf iyyata dhiyeeffachuu ni danda’u. Riqichi Lixa Siyaatil hojii ijaarsaarra wayita jirutti, konkolaattota dhimma ariifachiisaatiif sarara banaa akka jiraatu gochuuf riqichi gara gadii dhorkamee jira.

Namootni riqicha gara gadii (low bridge) itti fayyadamuu isaaniin dura iyyata dhiyeeffachuu, lakkoofsa gabatee hayyamaa isaanii dhiyeessuu, ulaagaalee fudhatamummaa guutuu, fi hayyamni isaanii Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil (SDOT)’dhaan mirkanaa’uu qaba.

Tuutni fayyadamtootaa armaan gadii riqicha gara gadii (low bridge) irra konkolaachisuuf hayyama seensaatiif iyyata dhiyeeffachuu ni danda’u:

- Hojjetoota waldhaansaa wayita waamichi taasifamuuf dhufan (Hojjetoota gara hojii dabaree bilbilameefitti deemaa fi deebi’aa jiran; mirkannoon hojjechiisaa ni barbaachisa)
- Riistoraantotaa fi Biiznasoota Qinxaaboo Lixa Siyaatil irratti bu’uureffate (imalawwan ariifachiisaa meeshaa ykn dhiyeessiiwwan fuudhuuf taasifaman qofatti daangeffamee)
- Konkolaattota Rideshare (vanpools, shuttles ykn official carpools kan lakk.gabatee hayyama rideshare Isteetaan kennameef qaban; Kun Uber/Lyft ykn Taaksiiwwan HIN dabalatu)

Namootni gara fi Waldhaansa fayyaa baraarsuu lubbuutti karaa Lixa Siyaatil imalaa jiran; kunis waldhaansa karaa Fauntleroy Ferry argachuuf konkolaachisan (mirkaneessi kennaa tajaajila fayyaa keessan ni barbaachisa).

Hayyama seensa riqicha gara gadii (low bridge)’tiif

[www.seattle.gov/transportation/lowbridge](http://www.seattle.gov/transportation/lowbridge) ykn koodii QR fuula kanarra jiru fayyadamuun iyyadhaa.

Iyyatichi afaanota armaan gadiin ni argama: Ingiliffa, Ispeaanish, Kooriyaa, Somaalii, Chaayinaa (Traditional), Veetinaam, Oromoo fi Khmer.

Iyyaticha guutuuf deeggarsa yoo barbaaddan ykn gaaffii yoo qabaattan, lakkoofsa bilbilaa (206) 400-7511’tiin bilbiluu fi ergaa sagalee ykn email [WestSeattleBridge@seattle.gov](mailto:WestSeattleBridge@seattle.gov) irratti erguu ni dandeessu. Maqaa, odeeffannoo quunnamtii fi afaan barbaaddan ibsaati namni ta’e bilbila keessan isiniif deebisa.

Iyyatootni ji’atti al takka ilaalamu. Dhimmootni hayyama gaafa guyyaa 1ffaa ji’a itti aanuu akka argatan iyyatootni kunneen guyyaa 15ffaa ji’aatti dhiyaachuu qabu. Hayyamni kunis mirkannoon

akkuma kennameen battaluma hin eegalu. Sababni isaas odeeffannoon hayyama lakkoofsa gabatee photo enforcement system keessa seenee qindaawee ilaalamuu waan qabuuf dha.

Hayyamni seensa riqicha gara gadii (low bridge) baldhifame kun haalli hojmaata isaa yeroof fi daangeffamaa dha. Yeroo kamuu SDOT hayyama seensaa kana haquu kan danda’u yommuu ta’u, dhimmi kun yoo uumame dursee namoota ni beeksisa. Dhuma bara 2021 keessa Port of Seattle’s Terminal 5 irra deebiin banamuu dura SDOT hayyama seensaa low bridge ni hir’isa ykn haqa. Haala kanaan, riqichi kun sochii tiraafikaa dabalaa deemuuf humna keessummeessuu ni qabaata.

### **Imaammata Hayyama Seensa Low bridge**

Low bridge konkolaattota tokko tokkoof guyyaa Roobii sa’aatii 5 a.m. irraa hanga sa’aatii 9 p.m’tti akkasumas guyyoota boqonnaatti sa’aatii 8 a.m. irraa hanga sa’aatii 9 p.m’tti photo enforced dhorkaa dha. Konkolaattotni hayyama hin qabne, sa’aatii low bridge irra qaxxaamuruun dhorkaa ta’etti yoo irra konkolaachisan imala tokkotti adabbiin **\$75** isaanirra kaa’ama.

Xiyyeeffannoon SDOT kan low bridge wayita High-Rise Bridge Lixa Siyaatil suphamaa jirutti konkolaattotni muddamsaa, fe’umsaa fi tiraanziitii haala amansiisaa ta’een hayyama argatanii seenaa jiraachuu isaanii mirkaneessuu dha. Namootni konkolaattota akkanaa konkolaahisan, guyyaa sa’aatii kamuu riqicha kanatti fayyadamuu kan danda’an yommuu ta’u, hayyama seensaaf iyyachuun ykn lakk.gabatee isaanii SDOT’tiif dhiyeessuun isaan irraa hin eegamu. High-rise bridge kun bara 2022’tti irra deebi’ee ni banama jedhamee tilmaamama.

Odeeffannoon dabalataa, ibsa guutuu konkolaattota ulaagaa hayyama seensaa guutan dabalate: marsariitii piroojektii hayyama seensa low bridge: [www.seattle.gov/transportation/lowbridge](http://www.seattle.gov/transportation/lowbridge) irraa ni argama.

###